

Tafsiira Suuratu Al-Ankabuut-Kutaa 6

Description

Jireenyi Lammataa Maaliif Barbaachistee?


Namni xinxalluakkana jechuun of gaafata: Rabbiin maaliif jirenyalammataatiif namoota kaasaa?

Namni kuni suuratu Al-Ankabuut irraa aayata duraan barate irraaakkana jechuun deebii deebisa:

Rabbit azza wa jalla karoora uuminsaa keessatti jirenyaladdunyaa tanaa qormataaf qopheesee.

Jirenyalammataa immoo qorannoof, murtii dabarsuu fi jazaa hojji irra oolchuuf qopheesee jira.

Guyyaa Murtii jazaan namoota addunyaa keessatti iddo qormataa kaa'aman keessaa nama badii hojjateef adabbiiisaaf maluu adabuu fi nama waan gaarii hojjate badhaasu waan of keessatti qabateef itti aanseakkana jedhe:



“Nama fedhe ni adaba, nama fedhe rahmata godhaaf. Garuma Isaatti deebifamtu.” Suuratu Al-Ankabuut 29:21

Kana jechuun Rabbiin uumamtoota Isaa keessaa nama fedhe sababa inni yakka hojjateef ni adaba. Ammas isaan keessaa namoota tawbatan, amananii fi hojji gaarii hojjatan irraa nama fedheef rahmata godha. Guyyaa Qiyaamaa garuma Isaatti deebifamtu. Ergasii wanta hojjataniin jazaa isiniif kafala.[\[1\]](#) Kanaafu, addunyaa tana keessatti wanta rahmata Isaatti nama geessu hojjadhaa, wanta adabbii Isaatti nama geessu irraas fagaadhaa.

“Nama fedhe” yommuu jedhu, fedhiin Isaa ogummaan (hikmaan) kan walitti hidhameedha. Sababni isaas, Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa waan fedheef qofa wanta tokko hin hojjatu. Kana irra, wanta hojjatu hunda keessatti fedhiin Isaa ogummaan kan walitti hidhameedha. Kuni dhimma ifa ta'eedha. Namni adabamu wanta adabbiif isa saaxilu hojjachuun isaa hin hafu. Yeroo kanatti, ogummaan (hikmaan) isa adabu ta'a. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa badii tokko malee nama fedhe hin adabu. Sababni isaas, hikmaa fi rahmanni Isaa kana ni dida.

“Nama fedhe ni adaba” kuni ogummaan (hikmaan) akka walitti hidhamu dubbanne jirra. Kanaafu, nama adabbiinisaaf malu malee hin adabu.[\[2\]](#)

Ogummaa (hikmaa) jechuun wanta hundaa bakka isaaf malu kaa'uudha. Nama adabbiinisaaf malu adabuun, nama rahmanniisaaf maluuf rahmata gochuun hikmaadha. Kanaafu, adabbiis bakka isaaf malu kaa'e, rahmatas bakka isaaf malu kaa'e.

Rabbiin Jalaa Miliqaa Hin Dandeessan

وَمَا أَنْتُمْ بِمُعْجِزٍ فِي الْأَرْضِ وَلَا فِي السَّمَاوَاتِ وَمَا لَكُمْ مِنْ دُونِ اللَّهِ مِنْ وَلِيٍّ وَلَا نَصِيرٍ



“Isin dachii keessattis ta’ee samii keessatti [Rabbiin] hin dadhabsiiftan. Rabbiin alatti isiniif tiksaa fi gargaaraan hin jiru.” Suuratu Al-Ankabuut 29:22

Dadhabsiisaa jechuun nama tokko waa hojjachuu irraa dadhabaa akka ta’u kan taasisuudha. Asitti hiikni dadhabsiisu-jalaa miliquudha. Kanaafu, hiikni aayah tanaa, isin dachii keessattis ta’ee samii keessatti Rabbiin jalaa miliqaa hin dandeessan. Yoo isin adabu fedhe, isin dhaqqaba. Sababni isaas, Rabbiin jalaa homtu hin miliqaa. Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa ni jedha:

﴿وَمَا كَانَ اللَّهُ لِيُعْجِزُهُ مِنْ شَيْءٍ فِي السَّمَاوَاتِ وَلَا فِي الْأَرْضِ
إِنَّهُ وَكَانَ عَلِيمًا قَدِيرًا﴾

“Samiiwan keessattis ta’ee dachii keessatti wanti Rabbiin dadhabsiisu (jalaa miliqaa) tokkollee hin jiru. Dhugumatti, Inni Beekaa, Danda’aa ta’eera.” Suuratu Faaxir 35:44

Beeki! Rabbiin azza wa jalla adabbiin nama qabuun Isaa yeroo garii dhimmoota qaamolee miiraatiin hubatamaniin ta’aa. Rabbiin olta’aan sababoota nuti beeknu fi arginu ni murteessa. Yeroo garii immoo dhimmoota nuti hin hubanneen ta’aa. Sababa nuti hin beeknen alatti adabbiin Rabbiin irraa namatti dhufa. Fakkeenyaaaf, yeroo duula Khandaq Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa bubbee fi loltu nuti hin argine diina gamtoomanitti erge. Bubbeen tuni okotee isaanii garagalchite, dukkaana isaanii ni buqqiste. Gamtoominna isaanii ni facaaste. Kanaafu, bubbeen sababa adabbi nuuf beekkamaa taatedha. Loltuun nuti hin argine immoo malaaykota. Osoo Rabbiin nutti beeksisu baate, silaa hin beeknu turre.

Kanaafu, Rabbiin olta’aan takkaa sababoota beekkamoo ijaan mul’ataniin nama qaba takkaa immoo sababoota dhokatoo ijaan hin mul’anneen nama qaba.[\[3\]](#)

“Isin dachii keessattis ta’ee samii keessatti [Rabbiin] hin dadhabsiiftan.” jechuudhaan bakka itti dheessan irraa abdii isaan murachiise. Kana jechuun dachii fi samii keessatti bakka itti dheessitanii Rabbiin jalaa itti miliqsan hin qabdan. Gaaratti dheessun Isa jalaa hin miliqsan. Goda keessa seenun Isa jalaa miliqkuu hin dandeessan. Bakka itti miliqan hundarraa erga abdii isaan murachiisee booda carraaqqi nama biraatiin adabbii Isaa jalaa bahuu irraa abdii murachisuu itti aanse dubbate^[4]: “**Rabbiin alatti isiniif tiksaa fi gargaaraan hin jiru.**”

Namni yakka hojjate takkaa bakka wayiitti dheessee miliqa takkaa immoo nama isa tiksuu fi gargaaru bira deemun koola galtummaa (eeggumsa) godhata. Namni Rabbiin faallesse, ajaja Isaa didee fi kafare kanniin lamaanu hin qabu. Bakka Rabbiin jalaa itti dheessuus hin argatu, nama isa tiksuu fi adabbii isarraa deebisus hin qabu. Kuni badii hojjachuu fi ajaja Rabbii faallessu irraa namaaf akeekachiisa ta’aa. Yommuu adabbiin Isaa namoota irratti bu’uu Rabbiin alatti kan isaan eegu fi adabbii isaan irraa deebisu hin argatan. Kanaafu, Rabbii olta’aa faallessu irraa of eeggachu barbaachisa.

Kaafironni bakka Rabbiin jalaa itti dheessanii fi nama isaan tiksuu fi adabbii isaan irraa deebisu erga hin qabaanne, rahmata Isaa irraa abdii muratu. Kanaafi, itti aanse ni jedhe:

وَالَّذِينَ كَفَرُوا بِأَيْدِتِ اللَّهِ وَلِقَاءِهِ أُولَئِكَ يَسْوَأُ مِنْ رَحْمَتِ
وَأُولَئِكَ لَهُمْ عَذَابٌ أَلِيمٌ

٢٣

“Warroonni aayaata Rabbiitti fi qunnamti Isaatti kafaran, isaan sun rahmata Kiyya irraa abdii muratan. Isaan sun adabbii laalessatu isaaniif jira.” Suuratu Al-Ankabuut 29:23

Kana jechuun namoonni Qur'aanaa fi du'aan booda kaafamutti amanuu didan, isaan sun Aakhiratti yommuu adabbii cimaa isaaniif qophaa'e argan rahmata Kiyya irraa abdii muratu. Isaan suni adabbii nama dhukkubsutu isaaniif jira.^[5]

Asi olitti aayaanni Qur'aanas ta'uu danda'a wantoota Rabbiin samii fi dachii keessatti uumes ta'uu danda'a. Sababni isaas, aayaata jechuun mallattoolee gara wanta tokkootti akeekaniidha. Uumamtoonni samii fi dachii keessa jiran gara jiraachu Khaaliqaa fi sifaata (amaloota) Isaa akeeku.

“Qunnamti Isaa” - ‘du'aan booda kaafamutti’ jenne kan hiikneef qunnamtin Rabbii du'aan booda erga kaafamanii waan adeemsifamuufi. Namni du'aan booda kaafamutti hin amanne, Rabbiin wal qunnamuutti hin amanu.^[6]

Jazaan aayaata Rabbii kijibsiisuu fi du'aan booda kaafamutti amanuu dhiisuu rahmata Rabbii irraa abdii murachuu fi adabbii laalessaadha. Kana jechuun sababa isaan Qur'aanatti kafaranii fi du'aan booda kaafamutti amanuu didaniif rahmata irraa abdii murachu fi adabbii laalessaan isaaniif male.[\[7\]](#) Sababni isaas, namoonni kunniin Qur'aanatti amananii wanta rahmata Rabbiitti isaan geessu hin hojjanne. Ammas, du'aan booda kaafamutti amananii shirkii fi badii irraa of hin qabne.

Kitabban wabii:

- [\[1\]](#) Tafsiir Muyassar-398
- [\[2\]](#) Tafsiir Qur'aanil Kariim-Suuratu Ankabuut-fuula 88, Ibn Useymiin
- [\[3\]](#) Madda olii fuula 95-96
- [\[4\]](#) Tafsiir Tahriir wa Tanwiir-20/232-233
- [\[5\]](#) Zaadul Masiir-1080, Tafsiir Xabarii-18/380
- [\[6\]](#) Tafsiir Qur'aanil Kariim-Suuratu Ankabuut-fuula 101, Ibn Useymiin
- [\[7\]](#) Madda olii, Tafsiir Tahriir wa Tanwiir-20/233

Date Created

July 26, 2020

Author

admin